

## **Gabaasa Carraa fi Walgahiinsa Odeeffannoo Teknoolojii Magaalaa Siyaatil.**

Jiraattonni magaalaa siyaatil hangam takka Interneetiin walqunnamtii qaban? Jiraattonni magaalaa siyaatil tajaajila adda addaa mootumaa irraa argachuudhaaf meeshaalee walqunnamtii gara garaatti ni fayyadamuu? Magaalaan siyaatil haala ittifayyadama teknoolojiwwan walqunnamtii kan akka komputeraa, interneetii, bilbilaa, feesbuukii , tiwiteraa fi kkf ilaalchisee qorannoo geggeessee jira. Haaluma walfakkaatuun rakkoolee ummatni interneetii argatuu fi ittifayyadamuu irratti qabu, tajaajila barbaadu sarara interneetii irratti kallattiin (on line) argachuu, dhimmoota fedhii maammiltootaan walqabatan irratti ummatni haala kamiin odeeffannoo argachuu akka barbaadu fi yaada isaanii bulchiinsa magaalatii fi gareewwan hawaasaatiif haala kamiin ibsachuu akka fedhan ykn barbaadan qoratamee jira. Qorannoo geggeefameen bu'aan guddaan argamee jira. Argannoo ijoo(furtuu) qorannoo kanaa kan fedhii fi yaada hawaasaa calaquisu yammuu ta'u kanuma ka'umsa godhachuudhaan yaada furmaataa fi yaada xumuraa haala armaan gadii kanatti keenyee jirra.

Bara 2013 namoota 2600 irraa bilbilaa fi interneetiin ragaan guuramee ture. Haaluma walfakkaatuun garee marii hawaasaa 9 kan afaan adda addaa 6 dubbatan wajjiin mariin taasifamee ragaan walitti qabamee jira. Marii duraan garee hawaasaan geggeefamee ture irratti jiraattonni qorannaa duraatiin bakka bu'ummaa argatanii hin hirmaati ykn ammatamin akka saamudaatti dhiyaatanii jiru.yaadni furmaataa fi bu'aan qorannoo asii gaditti dhiyaate qaama gabaasa waliigalaa kan dhiyeessii fi ittifayyadama teknoolojii odeeffannoo siyaatil guddina (cee'umsa) gama haqa qabeessummaa fi carraa tajaajila dijitaalii jedhamuuti. Magaalaan siyaatil yaada hawaasaa kana akka galtee guddaatti fudhachuudaahaan akkaataa hawaasa biraa ittiin dhaqabuun danda'amu irratti murtii kennuuf, haala weebaayitii ittiin wixineeffamu, addaan cicituu digitaalii ittisuuf haala kamiin kaampaanii kebilii(dhaaba dhimmi ilaalu) waliin hojjachun akka danda'amu fi akkasumaas tajaajila kana oliguddisuuf magaalaan siyaatil bara 2000 irraa jalqabee yeroo afuraffaaf(4ffaa) raga kana walitti qabdee jirtti. Qorannoon kun kan geggeefame magaalaa siyaatiliin garee odeeffannoo teknoolojii sagantaa teknoolojii hawaasaatiin.

### **Argannoowwan Ijoon( Furtuun)**

- ❖ Magaalaa siyaatil keessatti dhiyeessii fi ittifayyadamni interneetii guddataa deemaa jira.namoota ragaa kennan keessaa dhibbeentaan saddeetamii shan (85%) fi namoota marii garee irratti hirmaatan keessaa dhibbeentaan torbaatamii shan (75%) mana isaan keessatti hanga tokko carraa interneetitti fayyadamuu ni qaban.
- ❖ Magaalaan Siyaatil hawaasa sochii interneetiit waliin jiraatu qabdi: qabiyeen laptoopii dhibbeentaa torbaatamii lama (72%) bilbila harkaa ykn moobaayilii kan smart phone fi taabileet jedhamu, dhibbeentaaan jahaatamii jaha (66%) komputeroota deesktoopii manaa kan baballataa jiran dhibbeentaa shantamii shan (55%), namni idileen bilbila

harkaa fayyadamu dhibbeentaa saddeettamii sagal (89%), fi bilbila smart jedhamu namootni qaban dhibbeentaa shantamii saddeet (%58). Namoota marii garee irratti hirmaatan keessaa kan interneetii socho'u fayyadamaa jiran muraasa yoo ta'an ittifayyadamni bilbila harkaa walfakkaata.

- ❖ Jiraattota siyaatil kan ragaan irraa funaaname hundinuu hirmaannaan hawaasaa barbaachisaa akka ta'e kaasanii jiru. Namoota walakkaa oli dhibbeentaa shantamii sadi (53%) kan bilbilan raga kennan fi dhibbeentaa torbaatamii torba (77%) kan sarara internetii (online) irratti deebii kennan garee hawaasaa keessatti akka hirmaatan dubbatanii jiru.
- ❖ Namootni ragaan irraa funaaname yaada isaanii ibsachuudhaaf e mail filatamaa akka ta'e kaasanii jiru. Kuniis dhibbeentaa torbaatamii shan (75%) qorannaa bilbilaatiin, dhibbeentaa saddeettamii torba (87%) qorannaa sarara interneetii kallattii (Online), kan dhibbeentaa soddonii saddeeti (38%) gadi ta'an marii garee irratti ibsatanii jiru. Dabalataaniis karaa sarara interneetii kallattii ta'een(online) walgahii hawaasaa irratti hirmaachuuf fedhii guddaatu jira. Kuniis dhibbeentaa shantamii sadeeti (58%) qorannoo bilbilaatiin, dhibbeentaa torbaatamii tokko (71%) warra kallattii sarara interneetiin (online) deebii kennaniin kan ibsameedha.hirmaattonni marii garee kun fedhiin (filannoon) isaanii garaagarummaa qaba. Yeroo hedduu yaada isaanii kan kennachuu barbaadan kallattii interneetii(online) kan jedhan dhibbeentaa soddonii saddeet (38%), walgahii hawaasaa irratti kan jedhan dhibbeentaa soddonii jaha(36%) fi qorannaa bilbilaatiin kan jedhan dhibbeentaa soddonii tokko (31%).
- ❖ Odeeffannoo magaala argachuun walqabatee, keessumattuu dhimma ariifachiisaa ilaalchisee namoonni gaafataman wanti filatan tooftaa walqunnamtti hundaanuu bakka tokkotti odeeffannoo argachuudha. Kuniis bilbilan, e mail fi dhaamsa bilbilan kaayuudhaan. Iddoo tokkotti walitti fiduudhaan bilbilan, e mail weebasaayitii magaalaa fi feesbuukiin odeeffannoon namoota bilbilaa fi kallattii sarara interneetiin (online) deebii kennan keessaa yoo xiqaa dhibbeentaa saddeettamii shan (85%) ni dhaqaba. Haluma walfakkaatuun namoota marii garee irratti hirmaatan keessaa dhibbeentaa jahaatama (60%) ni dhaqaba.
- ❖ Haala bu'a qabeessa ta'een hirmaachuudhaaf tarsiimoo gabayaa hunda qabeessa ta'e kan sarara interneetii (on line) irraa fi kan sararaan alaa (off line) barbaachisa. jiraattonni siyaatil feesbuukii fi tiweeteritti fayyadamaa jiru. Haa ta'uu malee tajaajilli kun jiraattota hunda walgahee jira jechuun hin danda'amu. Jiraattota keessaa dhibbeentaa jahaatamii jahaa (66%) feesbuukitii kan fayyadaman yoo ta'u dhibbeentaa soddonii sadi (33%) tiweeteritti fayyadamaa jiru. Yeroo hunda ykn Walfaan kan ittifayyadaman garuu muraasa.
- ❖ Iddoowan hawaasni carraa tekinoolojitti fayyadamuu irraa argatu namoota qbeenya xiqaa qabaniif baayyee barbaachisaadha.namoota bilbilan deebii kennan keessaa

dhibbeenttaan shanttamaa (%50) fi namoota sarara interneetii (online) irratti deebii kennan keessaa dhibbeenttaan afurtamii shan (%45) komputera fayyadamuuf mana kitaaba( laayibirarii) kan deeman yoo ta’u namoota sarara interneetii(online) irratti deebii kennan keessaa dhibbeenttaan kudha shan (%15) komputeratti fayyadamuudhaaf jidugaleessota hawaasaa deeman. Marii garee hundaa irratti iddoon(naannoon) hawaasni tajaajila irraa argatu xiyyeeffannaa guddaan ka’ee ture.

- ❖ Hanga ammaa tajaajila interneetii argachuu fi dandeettii interneetitti fayyadamuu ilaalchisee hanqina( qaawa) guddaatu jira. Hanqinni waliin gahiinsa digitaalaa itti fayyadama internetii fi dandeettii cimsuu irratti waan xiyyefateef dhiyeesii bu’uura ta’e irratti hanga barbaadamu hin hojjatamne.
- ❖ Barnootaa xiqaa qabaachuu fi umriin( manguddummaan) ittifayyadamaa fi baballina teknoolojii irratti garaagarummaa guddaa uumanii jiru. Haata’uu malee ragaan akka agarsiisutti garagarumaan guddaaf bu’uura kan ta’an, galii, sabummaa fi dandeettii namoota raga kennaniit. Bu’aan marii garee akka mullisetti afaanii fi aadaaniis ka’umsa rakkoo kanaa ni ta’u.
- ❖ Itti fayyadamaa fi baballina teknoolojii ilaalchisee bara 2009 fi sana duraas ragaan ture akka agarsiisutti garaagarumaan koorniyaa (saalaa) rakkoo guddaa ta’ee hin mullatu.
- ❖ Gatiin brood baandii fi Tv kebilii yaachisaa ta’uus namoonni raga kennan ariitiin (saffisni) broodbaandii yoo dabale fedhiin ittifayyadama isaatiis akka dabaluu kaasani jiru.
- ❖ Barren arffan darbban fedhiin viidiyoo adda addaa interneetii irratti laaluu kan dabale yoo ta’u fedhiin Tv kebilii (diishii) horachuu dhibbeentaa kudha sadiin (%13) gadi bu’ee jira.
- ❖ Hawaasni websaayitii “seattle.gov” jedhamutti baayyinaan fayyadamaa jiru. namoota deebii bilbilaa kennan sadii keessa lama (2/3) ,namoota sarara interneetii (online) kennan keessaa dhibbeentaa saddeettamii shan (%85) fi namoota marii garee irratti hirmaatan keessaa walakkan isaanii barren dabran websaayitii magaalaa “seattle.org” jedhamutti fayyadamaa akka turan ibsanii jiru.
- ❖ Chaanaaliin siyaatil daawwatoota baayyee qaba. Namoota deebii bilbilaa kennan keessaa walakkaa oli dhibbeenttaan shantamii tokko (%51) fi namoota sarara interneetii (online) irratti deebii kennan keessaa dhibbeenttaan jahaatamii jaha (%66) chaanaalii kana laalanii jiru.qorannoo bilbilaa geggeeffameen namoonni bifaan adda addaa kan harkka sadi keessaa lama (2/3) ta’an chaanaalii torbaanii kan siyaatil akka daawwatan(dhageefatan) ibsanii jiru.

Argannoo kana ilaalchisee dhimmootni biraa ballinaan gabaasa ogummaa keessatti kan dhiyaatan ta’a.

## **Yaada furmaataa**

Gabaasa qorannaa fi argannoo kana irratti hundaayuudhaan Gareen odeeffannoofi teknoolojii ,haala magaalaa siyaatil hawaasaa wajjiin trakaanfii sirreessaa fudhatamuu qabu ilaalchisee yaada furmaataa fi yaada xumuraa kan jalqabaa asii gaditti tarreeffamee jira.

## **Ittifayyadama teknoolojii interneetii, baballinaa fi tajaajila broodbaandii.**

- Waliin gahiinsaa fi saffina interneetii magaalaa siyaatil guutuu keessa jiruu dabaluuf hojiin guddaan hojjatamuu qaba.
- Jiraattonni magaalaa kan galii xiqaa qaban tajaajila interneetitti fayyadamaa akka ta’an gatiin interneetii fi meeshaalee waliin deemanii madaalawaa akka ta’an gabayaa mijaawaa uumuu fi jajjabeessuu. Meeshaaleen dhiyaatan ittifayyadamtootaaf mijaawaa ta’uu isaanii fi afaan adda addaatiin jiraachuu isaanii mirkaneessuu. Kallattiidhaan jiraattota magaalatiif dhiyeessuu ykn karaa dhaabilee hawaasaatiin dhiyeessu barbaachisa.
- Namoota manguddoo ta’anii fi barnoota gadi aanaa qaban irratti xiyyeefachuu, tajaajilaa fi meeshaalee dhiyeessuun dandeettii ittifayyadamuu isaanii cimsuu.
- Haala itti fayyadama tajaajila sarara interneetii(on line) irratti leenjii kennuu hubannoo cimsuu. Mana kitaabaa, jidugaleessota hawaasaa, jidugaleessota komputera hawaasaa, fi mana barumsa ummataa siyaatil deegarssa michummaa kennuu ni danda’an.
- Hawaasa affan ingliffaa dubbachuu rakkatan bira gahuu ykn dhaqabuu barbaachisa.

## **Tajaajila Internetii: hojii irra oolchuu fi baballisuu**

- ✓ Ittifayyadama internetii baballisuu, maxxansaa fi miidiyaa hawaasaa,viidiyoo moobaayilii, chaanaalii biraa kan odeeffannoo magaalaa siyaatil ittiin tamsaafamu baayyisuu.
- ✓ Gareewwan hawaasaa waliin michummaa cimsuun tamsaasa isaa baballisuu.
- ✓ Garaagarummaa sadarkaa tajaajilaa fi gatii fi abbummaa meeshaa teknoolojii kan akka karoora raga murtaayee ilaalcha keessa galchuun tajaajilaa fi fayyadamummaa ummataa sarara internetii (Online) haqa qabeessa taasisuu barbaachisa. Baayyinni ummata tajaajila elektrooniksii

gahaa ta'e argatuu muraasa waan ta'eef hawaasni kun odeeffannoo barbaadu karaa biraatiin akka argatan haala mijeessuu barbaachisa.

- ✓ Namoota bilbila harkaa interneeti qabu(smartphone) hin qabanneef carraa dhaamsa isaanii kaayuun odeeffannoo akka argatan taasisuu.
- ✓ Tajaajila sarara interneetii (online) yeroo bitaman leenjii kennuudhaan jiraattonni gara garaa tajaajila kanatti fayyadamuu dana'uu isaanii mirkaneessuu. Yeroo meeshaa kanneen bituuf karoorri bahuu fi yeroo bitamanii tajaajila kennuu jalqaban maammiltoota gara garaa irratti hirmaachisuu barbaachisa.
- ✓ Meeshaa elektrooniksii kan duraan jiruus ta'ee kan haaraya dhiyaate ilaalchisee Jiraattooni akkataa icitii fi nageenya raga isaanii ittiin eegan barsiisuu fi itti agarsiisuu barbaachisa.
- ✓ Jiraattota jidugaleessota komputera hawaasaatti fayyadaman kessumaattuu kan waa'ee fayyaa, waa'ee seeraa fi faayinaansii isaanii ilaalchisee fayyadamaniif icitii fi nageenya raga isaanii haala ittiin eegachuu dnda'an irratti barnoota gahaa ta'e kennuu barbaachisa.

### **Tajaajila Kebbili(Diishii)**

- gatii xiqaa keebili barbaachisu kan maamiltoonni tajaajila deeggarsaa argachuu qaban irratti haala waajjirri keebili dhiyeessun argachuu akka danda'an waliingahiinsa gabayaa fi barnoota baballisuu barbaachisa. Odeeffannoo kana afaan baayyeen kennuu fi hawaasa hubannoo afaan ingliffaa xiqaa qabaniif karaa jidugaleessa aadaa hawaasaatiin odeeffannoo kana akka argatan deeggaruu barbaachisa.
- Dhiibbaa maamilttoonni fedhii fayyadamummaa dhabuun dhufuu danda'uuf furmaata kennuu.

### **Miidiyaa hawaasummaa fi dhaabbilee ummataa**

- Ittifayyadama miidiyaa hawaasaa kessumattuu itti fayyadama feesbuukii itti fufiinsaan guddisuu barbaachisa
- Jiraattota hunda bira gahuuf chaanaalota baayyee fayyadamuu barbaachisa. Kuniis kan akka bilbilaa, e mail fi dhaamsa kaayuut. ammaaf ummata dhaqabuuf e mail akka filannoo jalqabaa elektrooniksiitti fayyadamuu qabna. ergaan ykn yaadachiisni hatattamaa yoo jiraate karaa dhaamsa kaayuutiin, bilbilaa, e mail ykn filannoo

elektrooniksii biraatiin odeeffannoo jiru hiriya, firaa fi olla wajjiin akka wal jijjiiran jajjabeessuun gaariidha.

- Tarsiimoo fi meeshaalee walitti hidhamiinsa elektrooniksii guddisan cimsuu fi carraa tajaajila nama dhuunfaatiin walitti hidhuu.
- Iddoo taa'umsa hawaasaa jidugaleessa godhachuudhaan carraa hirmaannaan ummataa ballatee mana jireenyaa irraa ykn meeshaa moobayilii fayyadamuun viidiyoo baandii guddaa qabuu fi xiqaa qabuun walgahii hawaasaa sarara interneetii kallattiin (on line) baayyinaan geggeesuu barbaachisa.
- Michooma dhaabilee hawaasaa jidduu jiru cimsuudhaan isaan akka galtee ummataa fi gabayaa "seattle.gov" fi chaanaalii siyaatiliif itti fayyadamuu.
- Hubannoo cimsuun hanqina afaanii jiruus fuula barreeffamichaa hunda hiikuun furmaata kennuu.
- Itti fayyadamtoota skriinii irratti ballisanii waa dubbisan deegaruuf Walgahii dura, yroo walgahiin geggeefamuufi walgahii booda meeshaalee elektrooniksii kallattii hundaan dhiyeesuun barbaachisaadha.

Weebsaayitii "seattle.gov/tech/indicators" ilaaluudhaan Gabaasa guutuu marii garee fi bu'aa qorannoo irraa hubachuun ni danda'ama.

Magaalaa siyaatil garee odeeffannoo teknoolojiitiin kan qophaaye

Sagantaa teknoolojii hawaasaa

Karaa kanaan nu qunnamuu ni dandeessan

**"communitytechnology@seattle.gov or facebook.com/seattlecommunity tech or (206) 233 7877**